**Xalayaa Kaardii WIC Poostaadhaan Ergame**

(Mailed WIC Card Letter)

Guyyaa:

Gara:

Kabajamoo

Sababa addaa irraa kan ka'e kaardii WIC keessan poostaadhaan isiniif ergaa jirra.

Maaloo kaardii WIC keessan fayyadamuuf tarkaanfiiwwan kana yaadadhaa:

1. PIINII Dijiiti-4 qabaachuu keessan mirkaneeffadhaa.
   - PIINII keessan hin yaadattan yoo ta'e, Guyyas ta'e galgalayeroo barbaadan, gara 1-844-359-3104 bilbiluudhaan haaromsuu dandeessu.
   - Guyyaa dhallootaa fi koodii Zip abbaa kardichaa galchaa.
2. Fayyadama WIC keessan irra nyaatawwan jiran mirkaneeffadhaa.
   - Aplikeeshinii WICShopper fayyaadamaa.
   - Yoo kaardii keessaniin cufame jira ta'e Tarree Bittaa ilaalaa.
   - Naga’ee bittaa kuusa nyaata WIC yeroo darbee ilaalaa.
   - Tajaajila maamiltootaa mana kuusaa gaafadhaa.
   - Gara Kiliiniika WIC tti bilbiilaa.
3. Nyaata WIC guyyaa jalqabaa fi isa dhumaa baasiidhaaf bitadhaa.
   - Nyaatni ati hin bitanne kamiyyuu, gara faayidaa ji’a itti aanutti hin darbu.
4. Manneen daldalaa WIC heyyama qaban qofaa irraa bitadhaa. Mallattoo “WIC Accepted Here (Special Supplemental Nutrition Program for Women, Infants, and Children (WIC, Dubartoota, daa'imman reefu dhalatanii fi daa'immani) Asitti Fudhatama)” jedhu barbaada.
5. Hammaafi gosa nyaataa qabdan qofa bitadhaa.
6. Maallaqa qabaan akka Kaardii WIC fayyadamtu haa beeku.
7. Kaardii keessan tuquudhaan yoommuu gaafatamtan PIINII dijiitii-4 keessan galchaa.
8. Nagahee keessan olkaawwadhaa.

Sababoota armaan gadii keessaa kamiifuu maaloo hojjettoota kilinikaa lakkoofsa armaan gadiin qunnamaa:

- Gaaffiilee waa’ee Kaardii WIC keessanii ykn nyaatawwan jiran.
- Mana daldalaa keessatti rakkoo kaardii WIC fayyadamuu.
- Beellama WIC keessan itti aanu qabachuu ykn jijjiiruu qabdu.

Kiliniikii WIC Kee:

**Xalayaa Kaardii WIC Poostaadhaan Ergame**

(Mailed WIC Card Letter)

**Washiingtan WIC loogii hin raawwatu.**

Akkaataa seera mirgoota siivilii federaalaa fi danbiiwwani fi imaammatoota mirgoota siivilii U.S. Department of Agriculture (USDA, U.S. Kutaa Qonnaa U.S) tin, dhaabbanni kuni sanyii, bifa, biyya dhalootaa, saala (maalummaa koorniyaa fi akkaataa wal-qunnamtii saalaa), qaama miidhamummaa, umurii yookiin haloo gocha mirgoota siivilii duraanii irratti hundaa'uun loogii hojjachuu irra kan dhorkameedha.

Odeeffannoon sagantaa afaan Ingiliiffaatiin alatti afaanoota birootin argamuu danda'a. Namootni qaama miidhamoo ta'an kan odeeffannoo sagantaa argachuudhaf (fakkeenyaaf, Sirna-barreessuu, maxxansa guguddaa, waraabduu sagalee, Afaan Mallattoo Ameerikaa) karaaleen wal-qunnamtii akka filannootti isaan barbaachisan, mootummaa yookiin ejensii naannoo itti gaafatamummaa qabu saganticha yookiin Wiirtuu TARGET Center USDA (202) 720-2600 (sagalee fi TTY) irratti qunnamuu yookiin karaa Federal Relay Service (Tajaajila Rileeyii Federaalaa) U.S. Department of Agriculture (USDA, U.S. Kutaa Qonnaa U.S) (800) 877-8339 irratti qunnamuu qabu.

Komii loogii sagantaa dhiyeessuuf, Himataan tokko Unka AD-3027, Program Discrimination Complaint Form (Unka Komii Loogii Sagantaa) U.S. Department of Agriculture (USDA, U.S. Kutaa Qonnaa U.S) kan toora interneetii kana: https://www.usda.gov/sites/default/files/documents/ad-3027.pdf irratti argamuu danda'u, waajjira USDA kamirraayyuu, (866) 632-9992 irratti bilbiluudhan ykn xalayaa USDA dhaaf barreessuudhan guutuu qaba. Xalayaan sun maqaa himataa, teessoo, lakkoofsa bilbilaa fi ibsa barreeffamaa tarkaanfii loogii himatame bal'inaan gahaa ta'e qabaachuu qaba, kunis maalummaa fi guyyaa sarbama mirgoota siiviilii jedhamuun Assistant Secretary for Civil Rights (ASCR, Gargaaraa Barreessaa Mirgoota Siivilii) beeksisuu qaba. Unki AD-3027 guutame ykn xaalayichi USDA dhaaf karaa armaan gadiitiin galuu qaba:

1. **poostaa:**
   U.S. Department of Agriculture
   Office of the Assistant Secretary for Civil Rights
   1400 Independence Avenue, SW
   Washington, D.C. 20250-9410; yookiin
2. **faaksii:**
   (833) 256-1665 yookiin (202) 690-7442; yookiin
3. **imeelii:**
   program.intake@usda.gov

Dhaabbanni kun carraa wal-qixa ta'e kenna.
Washington WIC loogii hin raawwatu.

Galmee kana bifa biraatin gaafachuu yoo barbaaddan, gara 1-800-841-1410'tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn WIC@doh.wa.gov irratti Imeelii godhaa.